## Gumii Paarlamaa Oromoo (GPO)
## Oromo Parliamentarians Council (OPC)

**Tokkummaan Oromoo hunda caalaa dursaa keenamuuf qabudha.**

Nafixanyoon humna meeshan Oromoo erga caabsan kaassee hanga amaati kan garbomfatani jiran Oromoo adda adda qoodan wal dura dhaabutin. Keesummati namoota garaan bitaman ofti qabuun Oromoo mirga isaanif falmatan irrti dulchisun umuri bittaa isaani dheerefachaa turan. Wayyaneen immo toftaa nafxaynoota duranii hunda caalaa itti fayadama jirti. Dhaabbileen Oromoo keenya oganaan isaa immo kana beekee tokkumma isaa egun tarsimoo diina kana fashaleesu dhisee wal dhaabdee xixiqoo giduu isaati dhalatuu babalisun diinaf of saxilani ummata salphina gudda irran ga'uun dadabalee mulataa jira.

Keesummati ama haalli Gaanfa Afrika sadarkaa murteesaa irra jiru kanati hundi keenya humna qabnuu hunda hirirsinee xiinxala gochun sochi jiru hordofuu fi xiyyeefannoo itti laannee haala jijjiirama jiru hunda to'achuun qabsoo keenya gara fuula durati tarkanfachisun dirqama. Yeroo ammaa kana wayyaanen Lammi biroo hunda hidhachiftee Oromoo irrati duulchisa yammuu jirtu kana keessa, haalli Somaaliyaa kessati adeema jiru, haalli Sudan keessati adeema jiruu fi lolli Wayyanee fi Shaabiya giduti egalamuuf deemu kun xiinxalaa fi hoji cimaa fuula keenya dura jiru ture. Rakkoo Oromoo fi dhimmoota kana tarsimoo fi tooftaa qopheesun ummata keenya bilisummaan gayuu yamuun irrati hojeenu harra ture. Garu akkuma baratame rakkoon keenya gurguddaan kun irranfatamee, ykn ergama diinaaf of saxilee ummata salphina keessa jiru kana dhimma isaa dhifnee wal qoqqoodun icitii fi adeemsaa qabssoo keenya bakketi facaasun badi guddaadha.

Dhaabbilee kami iyuu ykn gartun kami iyuu waan Oromoo diinaf saxiluu , qabsoo Oromoo domisu fi waraana Oromoo facaasu hojachuu irra of qusachuu qabu. Qabsoon adeema jiruuf wareegama guddaa baasa kan jiru ummata Oromoo biyya keessa jiruu fi waraana Oromoo diree jiru caalaa kami iyuu hin jiru. Kanaafu abbaan qabsoo kana ummata Oromoo ti malee murna tokko ykn dhaaba tokko qofa miti. Lubbuu isaa qaali kafaluu fi wareegama hunda baasun waayyaanee dura dhaabacha kan jiru ummata keenya waan ta'eef qabsoo ummata kana irrati qoosuf enyuu iyuu mirga hin qabu.

Kanaafu Gummin Paarlamaa Oromoo haala amma dhaabilee Oromoo giduti mulacha jiruu fi diinni immo kanatti fayyadamee adda adduma babalisuun tokkummaa Oromoo diiguf gochaa ini rawacha jiru hubachuun lammiin Oromoo, waraana Oromoo, hawaasi fi dhaabilee Oromoo waan hunda caalaa tokkummaa fi bilisummaa Oromoof dursaa laachuu akka qabdan waamicha isiinii dhiyeesina.

**Ummata Oromootiif:** Yeroo adda addaa diinni Oromoo wal dura dhaabuun bilisummaan Oromoo bakka hin milkoofne gochaa turee, ama immoo xifuma

Oromoo lagaa fi Amantan wal qoodee akka biyya Somalia sana qabssoo bilisummaa dhisee wali lolaa jiratuuf Oromoo qoqqooda waan jiruuf waan hunda caalaa Tokkummaa Oromoo eegu fii qabssoo bilisummaa qofa jabeessuf dursaa akka latan kabajaan isin gaafanna.

**Waraana Oromoo hundaaf** :- Waggoota muraasa dura Oganoota dhaabaa ABO gidduti dhalatan waraana Oromoo Kibba Oromiyya bakka laamati wal qoodee dhiiga wal dhangalasuu lubu heedduu balleesun kan hafe immoo harka wayyaaneti ladhatee gidiraa inni Borana (Yaabaaloo) ti agarre kan irraanfatamuu miti, Waraani Oromoo kan ummata Oromoo waan ta'ee rakkoon kami iyuu yoo ogana gidduti dhalate tokkummaa isaa egee diina Oromoo irrati qabsa'uu malee wal isaa giduti adda addummaa akka hin umnee isiin gaafanaa.

**Hawasa Oromoo hundaaf** :- Hawassi Oromoo hundi wal dhabinsa diini babalisuuf afarsaa jiru kana qabbaneessun tokkummaa Oromoo tiksuun rakkoon kami ilee yoo jiratee marii fii filannoon siyaasan akka hikamu malee jeechoota laammi fi hawasaa Oromoo kami iyuu madeessu fii adda addummaa fidu hunda irraa of eegun karaa Heera fii Seera Dhaaba qofaan waan hundi akka xumuramu dhiibbaa haqaa irrati hundaa'ee akka gootan isiin gaafanna. Kessatu Haawasi biyya alaa miidiyaa qaban hundaan adda addummaa balisu irra of qusachuun qabsoo Oromoo deegeruu fii tumsuun, lammii Oromoo biyya keessati dararama jiru furmaata waan ta'uu akka hojjettan isin gaafanna.

**Dhaabbilee Oromoo Hundaaf**:- Dhaabbilee Oromoo rakko ABO keessati mulatu kana ija Oromummaan ilaalanii yaada araara fi furmaata barbaadufi dhiisanii meeshaa Ololaa godhachuuf yaalun Gumii Paarlamaa Oromoo guddaa gadisiisee jira. Kun immoo dhaabbilee bayeen maliif akka dhaabatan ilee sirriti waan of beekan hin fakkaatan. Diina rukkutu dura wal rukutuuf yaalun kayyoo dhabiinsa. Kanaafu rakkoon ABO keessa jiru kun dhimma dhaabichaa qofa utuu hin taane dhimma Oromoo waan ta'ee rakkoon kun atattamaan furmaata Bilisummaa Oromoof ta'uu irrati hundaa'ee murtee akka argatu ni gaafana.

Bilisummaan Ummata Oromootiif !!!
Tokkummaan Oromoo qabsoo keenya fi bilisumma keenya hundaaf murteesaadha !!!

Gumii Paarlamaa Oromoo
Hagayya 1 bara 2008